# “Guyyaa Jum’aa, osoo imaamni gorsuu hiriyyaa keetiin callisi (dhageeffadhu) yoo jette, ati dhugumatti dogoggorte (sadarkaa salaata jum'aa dhabdeerta”)

Abbaa Hureyraa irraa akka gabaafametti Rabbiin irraa haa jaalatu, Ergamaan Rabbii - Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhan: “Guyyaa Jum’aa, osoo imaamni gorsuu hiriyyaa keetiin callisi (dhageeffadhu) yoo jette, ati dhugumatti dogoggorte (sadarkaa salaata jum'aa dhabdeerta”).
[Sahih/Authentic.] [Al-Bukhari and Muslim]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- naamusaalee nama gorsa jum'aa dhufe irratti dirqama ta'an keessaa tokko gorsa kennamu dhaggeeffachuu akka ta'e ibsan; gorsa kennamu akka xiinxaluuf jecha, akkasumas osoo imaamni gorsuu namni dubbatee -waan xiqqoo illee osoo ta'ee- nama birootiin akkana jedhee: “Cal’isi” “dhaggeeffadhu” sadarkaan salaata jum'aa akka isa darbuus ibsaniiru.

https://sunnah.global/hadeeth/or/show/3107

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee